

## **Gootichi Humni Addaa WBO Tarikaanfii Wayyeenee Irratti Fudhatu Itti Fufuun Sirna EPRDF Yaaddoo Guddaa Keessa Galche.**

(Madda Oduu ABO/MOA/Onkoloolessa 05,2013) Humni addaa WBO Fulbaanaa 21/2013 Godinaa Wallaaggaa Bahaa fi daangaa Nannoo Beenishangul Gumuuz Godina Kamishii irraatti tarkaanfiin haleellaa qabeenyaa lukkee wayyaanee irraatti fudhatameen gutummaatti barbadeeffame. Tarkaanfiin kun haadhaa qabeenyaa wayyaanee Tigistii G/Maariyam jedhamtuu kan hojii investiimentii Omishaa qonnaa salixiifi hojii garaagaraa irraatti bobba'uun qabeenyaa guddaa wayyaaneen itti kennuun godina Kamishii fi godina Wallaaggaa Bahaa Onaa Haroo Limmuu gidduutti bobfafamtee gama lamaan irraa iyyuu qabeenyaa qonnaan bulootaa dhuunfachuun cinaatti sabootaa Oromoo fi Gumuuziin walittii buusuun dhiigaa wal dhangalaasiisuuf kan ramadamtee fi kan wayyaaneen poolisaa illee ramadeefii egsisuun kan mikanaa'ee irraatti Gootichi humni addaa WBO godina dhihaa Oromiyaa keessaa Socho'uu tarkaanfii haleellaa qabeenyaa mana kuusaa (STORE) fi buufataa poolisaa dhuunfaa qabduu irraatti fudhateen barbadeessuu ajajni humna Addaa WBO gabaasera. tarkaanfii kanaan poolisonnii dhunfaa ishee namonnii sadii akka malee kan madeeffaaman ta'uu fi qabeenyii miliyoonaa walakkaa olitti tilmaamamuu kan barbadeeffamee ta'uun gabafamera.

Fulbaana 22, 2013 Godina Bahaa Wallaaggaa Onaa Guutoo Wayyuu bakkaa Guttoo 24 (digdamii araffaa) jedhamuun beekamuu kan Magaalaa Naqamtee irraa km24 fagaatee argamuutti humnotaa basaasa wayyaanee kan sabboontotaa fi ummataa nagaa basaasuun mana hidhatti darbuuf konkolaataan sossu'aa turan irratti tarkaanfii fudhateen basaasa diinaa beekamaa Alemuu Tadiyoos jedhamuu oggaa du'aan adabu kanneen hafan 3 madeessuu ajajni humna addaa WBO beeksise. Tarkaanfii haxheen fudhatame kanaan kana malees konkolaataan diinaa koodiin OR: 03698 taate guutummaatti barbadeeffamuun ibsameera. Tarkaanfii gooticha WBO fudhatame kanaanisummatni gammachuu isaa ifatti ibsuu ajaji WBO dabalee hubachiisa.

Kana malees humni addaa WBO ajjeechaa hidhaa fi roorroo ummata Oromoo irratti raawwataa jirutti shaffisaan xumura gochuuf sochii fi tarkaanfii isaa kan jabeessu tahuu hubachiisee kanneen ummata Oromoo irratti hammeenya raawwatuun qabsoo bilisummaaf godhu dhaamsina jedhanii yaadan ilaalcha dogoggoraa kana irraa akka of sirreessan yaadachiise.

WBO gaachana ummata Oromoo tahuu tarkaanfii fudhatuun mirkaneessaa jira. WnBO Baha Oromiyaa Godinaalee Harargee Bahaa fi Dhihaa keessa sossu'u tarkaanfii adda addaa baatii Fulbaanaa keessa fudhateen gaachana ummata Oromoo tahuu fi tarkaanfiin fudhatu hanga bilisummaatti kan itti fufu tahuu mirkaneesse. Akka kanaan tarkaanfii Fulbaana 17, 2013 Harargee Dhihaa ona Ciroo magaalaa Ciroo keessatti fudhateen qondaala tikaa diinaa sabboontota Oromoo ona Ciroo jiraatan basaasuun hiraarsa ture Taammiraat Wandimmuu jedhamu irratti tarkaanfii fudhateen du'aan adabuu ajaji godinaa kana beeksise. Kana malees Fulbaana 24, 2013 Harargee Dhihaa ona Mi'eessoo magaalaa Kooraa keessatti tarkaanfii fudhatameen polisni diinaa Masfin jedhamu ajjeeffamee hidhannoon isaa hiikkatamuu kan beeksise ajaji godinichaa tarkaanfii kanaan kan gammade ummatni naannoo deggersa WBO qabu ifatti agarsiisuu addeessee jira. WBO tarkaanfii isaa itti fufuun Fulbaana 30, 2013 ona Mi'eessoo magaalaa Awwaareetti diina haxheen haleelee loltoota diinaa 7 ajjeesuun 11 oggaa madeessu qabeenya gara garaa irraa booji'uun dantaa qabsoo irra akka oolu taasise. Kanatti dabalee humni addaa WBO Harargee Dhihaa

magaalaa Asaboot keessatti Onkololeessa 1, 2013 miseensa tikaa Wayyaanee Ermiyaas jedhamu tarkaanfii irratti fudhateen ajjeessuu hubachiise. Gama kaaniin humni addaa WBO Harergee Bahaa keessa diina boqonnaa dhorkataa jiru Fulbaana 30, 2013 karaa konkolaataa Hararii fi Kombolcha gidduutti tarkaanfii fudhateen loltoota diinaa 2 ajjeesee 3 madeessuun konkolaataa ittiin deema turan guutummaatti barbadeesseera. Warshaan diinaa lafa ummata Oromoo irratti Oromoo lafa isaa irraa ari'uun ijaarame barbadeeffame. Warshaan spoonjii mootummaa wayyaanee fi jala deemtota isaa Ona addaa magaalaa Burayyuu keessatti ijaarame miliyoona 25 tilmaamamu barbadaa'uun beekame. Abbaan qabeenyaa Warshaa spoonjii Maatiikee jedhamu kanaa Alamuu Hurriisoo oggaa tahu innis wayta bulchaa Burayyuu turetti lafa ummata Oromoo Wayyaaneen wal tahuun kan gurgurataa turee fi maallaqa saamichaan gurrate kanaan warshaa kana banatuun beekamee jira. Waarshaan kun Onkololeessa 01, 2013 halkan keessaa sa'a 9:00 PM guutummaatti kan barbadaa'ee oggaa tahu warshaa kana malees konkolaattotni 3 fi qabeenyi adda addaa waliin daara'ee jira. Mootummaan wayyaanee tarkaanfii kanaan hedduu rifatuun sakattaa eegaluu illee ummatni Oromoo magaalaa kanaa garii ililchuun gammachuu isaa ibsateera.

Gama kaaniinis qabeenyaan mootummaa wayyaanee dargaggoota maqaa IMX jedhuun kiyyeessuuf ijaare Birrii miliyoona 5 olitti tilmaamamu magaala Finfinnee kutaa magaala Addis Katamaa keessaa guutummaanbarbaada'e. Wayyaaneen dargaggoo biyyaa to'atuuf IMXn yo haammatamtan liqii maallaqaa fi bakka daldalaa isinii kennina jechuun karoofatee sosso'aaa akka jiru ni beekama. Manneen IMX mootummaan Wayyaaneemagaala Finfinnee keessatti dargaggoota itti kiyyeessuuf kutaa magaalaa Addis Katamaa naannoo teeknikaa fi Ogummaa Keffitenyaa 7 jedhamee beekamu ijaare kun Onkololeessa 01, 2013 galgala keessaa sa'a 9:00PM irratti guutummaan barbadaa'e.

I.U.Of!!